




Duraan dursee hoomaan keesanuu baga nagayaan jiraattan! Anilee galata Waaqaa maatii kiyya wolliinuu nagaya jira!



Dhimma:- <u>Gargaarsa Projektii mana Barumsa Lokkee Qaccatiif</u>

Manni Barumsa Lokkee Qaccaa Oromiyaa keessat Godina Arsii Lixaa Aanaa Siraaro'o Ganda Lokkee Qaccaa keessat argama.

Seenaan Mana Barnoota Lokkee Qacaa gabaabsee suuraa kanaan mudhisuuf yaaleera. Suuraan $1^{faa}$ sun bara 2000 akka laakoobsa Europa daree takka duwaa ture.



Surooni itti anan $2^{fa}$ – $7^{fa}$ bara 2005 biyya henna deemnu sadarkaa mani Barumsa itti jiru agarsiisa. Erguma biyya deebinee madda gara adda addaatii arganneen suuraa $8^{fa}$ – $10^{fa}$ ijaarsifneera. Akkasuma Ijoolleen dur lafa teetullee galata Oromoota Norway teesuma ykn deskii gaarii irra ta'anii barataaru. Laakoobsi ijoole'e waan guddisee dabalameef, ammalee ijooleen **210 lafa teetee barataati. Deskii 70 barbaachisa jecho'o.** Kanalee waaquma itti kadhataa waan godhuu dandeenu goona.

Akkuma seenaa gabaabaa suuraan mudhisuuf yaale kana irraa hubbattan Mani Barnootaa kun wogooti 7 kana keessat haga kutaa $8^{fa}$ guddatee amma ammo haga sadarkaa olaanaa haga kutaa $10^{fa}$ achummat akka banamu hayamamee barana ijooleen kutaa $9^{fa}$ achummat egalteeti.



Rakkini guddaan amma jiru waan heddu keesaa inni tokko **mana jireennaa barsiisootaat**. Naanoon kun baadiyyaa waan ta'ef barsiisaan tokko mana kireefatee keesa jiraatu hinjiru. Mani barsiisootaa amma jiru isa suuraa $5^{fa}$ irraa laalu san qofa. Barsiisoon heddu maniin qootee bullaatit irkatanii barsiisaaru. Barsiisoon heddu sababa rakkoo kanaa irra kanka'e achi deemuu hinfedhan. Rakkoon kun ammo ijoolee matirika fudhatee qabxxii mishaa arggatee akka hinlufne dhiibbaa guddaa itti godhaara.



Kanaafuu gargaarsi amma godhamu kun projektii ijaarsa mana barsiisootaatiif oola. Mani ijaaramu kunilee qabeena mana barumsaati. barsiisaan tokko kiraa haga ta'e baasaa keesa jiraata. Galiin kiraa sunilee hujima maniin saniin hareesuuf ta'a.



Kanaafuu mee akkuma issinii anjeen woma issinit fakkaate akka gumaachitan KABAJAAF ABDII GUDDAAN ISSIN GAAFADHA!

**Lakoobsi Baankii** <u>3290 21 44896</u>, bilbilli kiyya **47616032**

**Gargaarsa Mana Barumsa Lokkee Qaccaatiif gootaniif firrisee galatooma'a jedha!** **Waaqoo Roobaa**




